# 9. OOBJUU YAKOBOO

## Uumama 28:10-22

Oboleesi Yakoboo, Esauuni, akka Yakobooni kara sobaatini angafoomafi eeballe irra fudhatan hubanaani, inni guddo dallane akka oboleesa isa ijeesu kakhate. Duuba Yakobooni akka gorsa haadhaafi abba isa gula lafa Suuriaati gara abuya isa Labaniiti baqate. Ato deemu, karaati aduuni iti d'iinnaani inni fulluma suni d'akha fud'ate mata jala saabate ufiraa bule.

Duuba oobjate, riiqa d'eera gubbafi lafati eju, ka malaikaani gula gabuute gula oldeebitu, arge. Yo inni jed'e, kuno, Aabbo Waaqi bira eja. Waaqi waan jed'eeni, “Anini Aabbo, Waaqa Abrahamutiifi ka Isaaqo; lafa atini amma ira ch'iiftu tana sifi ilmaani teetii kenna. Isiini aka biyye tana taate, lafa tana mirgaa bitaa fud'atte sifi ilmaani teetiini gochi ch'ufti eeba argatti. Ammalle si wahelche, fulla atini deemtu ch'ufati si qorqorad'e, lafa tanati si deebisa. Anini si illakisu, haga waan sii tolcha siini jed'e ch'ufa sii guututi.”

Jennaani Yakobooni damaqe, sodaate waan ufiini jed'e, “D'uguma, Aabbo Waaqi arma fulla tana jira, ammo duraani akana inseene. Inni rifate waan jed'e, Fullaani tuni akami nama d'eechifti! Waan d'ibiniti, fullaani tunini mana Waaqaati, yokhaani karra gubbaa.”

Lafti bariite jennaani Yakobooni lafaa kae d'akha mata saabate kaani fuud'e, aka akheekha old'aabe d'ad'aani muude woyyoomse. Jennaani Yakobooni kakhate waan Aabbo Waaqaani jed'e, “Hojja atini na wahelchite imaltu tiyya keesati na qorqoratte beelafi daara na baafte, ammalle nagayaani worra keennati na deebifte, siumati Waaqa kiyya taha. Fullaani anini d'akha kana akheekhaa old'aabe tunini mana kanke taati; ammalle waan atini naa kennite ch'ufa kud'ani keesa toko sii kenna.” Duuba Waaqi kakhuma Abrahamuufi Isaaqoo kakhate suni Yakoboboolle kakhate. Ammalle haga mana abuya isa kha lafa Suuria jiru isa qajeelche.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati gaafa atin haala jajaba kees jirtu, kha atini maantu nati taha jette guddo sodaate, kha ammo Waaqi waan mama sii tolche gara si jabeese, nama isan waliin teeta waliini wolhaasaa.

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
    - Yakobo qorqorate ammalle qajeelche. Oobju keesaleeti isaati mullatee.
    - Inni akka Yakobooni angafooma fi eeba Abrahamuu argatu tolche. Inni waan jed'e. "Anini Aabbo Waaqa, Waaqa Abrahamuuti fi kha Isaaqo."
    - Inni Yakobo lafa kennu fed'e, akka inni goas guddo tahu ato inni woma qabaachulle baate, akka kara Isaatini nami chufti eebifamu.
    - Inni Yakobo qorqorate ammalle Lafa Kakhuuti geese.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**

- Inni kara oobjutiin waan Yakoboon jed'e, inni lafaafi, ijoolleefi eebifame ammalle gosa guddo taha.
- Inni imbeekhe akka kara isaatini gochiti adunya kees jirtu chufti eebifamtu.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (akka inni abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Inni durumaati deeme kakhu ufi guute baasan dhufe, kara Sanyi niititifi ammale Abrahamu.
    - Inni kara oobjuutini Yakoboti dubbate.
    - Ato Yakobooni chubbicha taelle, inni akka Yakobo eebise waliin hojjatu filate.
- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijjiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**

- Waaqi Yakobolle kakhuma akhaakhu isa Abrahamuufi abba isa Isaaqo gale suni isaa gale.
- Inni kakhuu kara baasaatini gosa chufayu eebisu inguute.
- Waaqi akka isa tisse qorqoratu kakateefi, akka lafa worraati deebiani, ammalle akka dhaLutua heddu argatu fi ammalle akka kara Sanyi isaatini adunya guutu eebisu isaa kakhate. Waaqi kakhu suni chufa inguute.

**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**

- Yakobooni uftissu hindandeenne. Inni tola-eeba Waaqati ch'allaati hirkate akka inni isa eebisu.
- Yakoboofi dhaLutua isaalle Waaqi guddo jaalate.

**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**

- Baafami Waaqa ch'alla bira dhufa. Isa ch'allaati abdi namaa taha. Nu isaafi kakhu isaatifi baasa inni nuu ergelleeti abdachuu malle. Nu Waaqa ch'aqasuu malle.

**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani:**

- Yakobooni haala khophummaa kha nami tokolleen waan isa hiyaalle keesati ufi arge. Gaafa Waaqi kara oobjuutin isaati dubbate, inni qoonqo Waaqa imbeekhe, kakhu Waaqa ch'aqase gara jabaate durati deeme. Jireenna keenna kha arra keesati, **kakhuuni Waaqi** yo nu isa gula yaane **nuu galu** tami fa?
- Nu akkamiini dandeenne kakhu inni nuu gale beekhu dandeenna?
- Oduuni tunini akkamiini dandeette akka Waaqi haala keenna chufa keesati huji dansa hojjatu nu dhugeefachiifti?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Kakhuun Waaqa ta atini arra dhugefachuu malte jirti?** Atin maan kees bahuuti jirta?

Torbaan gadi dhufu atin maan hojjata akka kakhu Waaqa haga qaralle irra beette ammalle dhugeefattu?